Dambii Lak. 196 /2010

**Dambii Waajjira Qindeessaa Sagantaa Nageenyaa fi Misooma Waliinii Mootummaan Naannoo Oromiyaa fi Mootummaa Naannoo Beeniishangul Gumuz Hundeessuuf Bahe**

Waliigalteen Nageenyaa fi Misoomaa Mootummaan Naannoo Oromiyaa Mootummaa Naannoo Beeniishanguul-Gumuuz waliin taasise ummataa fi mootummaa naannoo Oromiyaa fi Ummataa fi mootummaa naannoo Beenishaangul Gumuz gidduutti walitti dhufeenya nageenyaa, misoomaa, bulchiinsa gaarii fi tokkummaan dimokiraataawaa akka dagaagu kan taasisu waan ta'eef;

Waliigalticha haala qindaa'een hoogganuudhaan akkaataa barbaadameen hojiirra oolchuun bu'aa yaadame argamsiisuuf kan dandeessiisu qaama of danda'e tokko hundeessuun barbaachiisaa ta'ee waan argameef;

Akkaataa Labsii Lak. 199/2008 keewwata 74 (1) tiin Dambiin kanatti aanu bahee jira.

## Kutaa Tokko
## Tumaalee Waliigalaa

1. **Mata Duree Gabaabaa**

   Dambiin kun **"Dambii Waajjira Qindeessaa Sagantaa Nageenyaa fi Misooma Waliinii Mootummaan Naannoo Oromiyaa fi Mootummaa Naannoo Beeniishanguul-Gumuuz Hundeessuuf Bahe Lak. 196 /2010"** jedhamee waamamuu ni danda'a.
2. **Hiika**

   Akkaataan jechichaa hiika biroo kan kennisiisuuf yoo ta'e malee dambii kana keessatti:
   1) **"Mootummaa"** jechuun Mootummaa Naannoo Oromiyaa yookiin Mootummaa Naannoo Beeniishangul Gumuz jechuudha.
   2) **"Waliigaltee Nageenyaa fi Misoomaa"** jechuun waliigaltee Mootummaa Naannoo Oromiyaa fi Mootummaa Naannoo Beeniishangul Gumuz gidduutti Sadaasa guyyaa 26 bara 2010 taasifame jechuu dha.
   3) **"Waajjira"** jechuun waajjira Qindeessaa Sagantaa Nageenyaa fi Misooma Waliinii Dambii kanaan hundeeffame jechuu dha.
   4) **"Mana Maree"** jechuun qaama ol'aanaa waajjira Qindeessaa Sagantaa Nageenyaa fi Misooma Waliinii ol'aantummaan hoogganuuf Dambii kanaan hundeeffame jechuudha.
   5) **"Ministeera"** jechuun Ministeera Dhimmoota Federaalaa fi Misooma Horsiisee Bulaa Mootummaa Federaalaati.

6) **"Koree Manajimantii"** jechuun koree hojiiwwan guyyaa guyyaa Waajjiricha keessatti raawwataman gaggeessu jechuu dha.
7) **"Nama"** jechuun nama uumamaa yookiin seeraan qaamni namoomaa kennameef jechuu dha.

**3. Daangaa Raawwatiinsaa**

Dambiin kun waliigalticha hojiirra oolchuu ilaalchisee qaamolee mootummaa Naannnoo Oromiyaa dhimmi ilaalu hunda irratti raawwatiinsa ni qabaata.

**4. Ibsa Koornayaa**

Dambii kana keessatti koornayaa dhiiraatiin kan ibsame dubartiis ni dabalata.

## Kutaa Lama

## Hundeeffama, Gurmaa'insa Waajjiraa, Aangoo fi Hojii Qaamolee Bulchiinsaa

**5. Hundeeffamaa fi Itti Waamama**

1) Waajjirri Qindeessaa Sagantaa Nageenyaa fi Misooma Waliinii Mootummaan Naannoo Oromiyaa fi Mootummaa Naannoo Beeniishangul-Gumuz gidduutti raawwatame hojiirra oolchu kanaan booda **"Waajjira"** jedhamee kan waamamu Dambii kanaan hundeeffamee jira;
2) Itti waamamni Waajjirichaa Walitti qabaa Mana Marichaatiif ta'a.

**6. Teessoo Waajjira Ol'aanaa**

1) Teessoon waajjira ol'aanaa Waajjirichaa Magaalaa Naqamteetti kan banamu ta'ee, Magaalaa Asoosaatti damee banachuu ni danda'a.
2) Hojiif barbaachisaa ta'ee yoo argame Koree Nageenyaa waliinii sadarkaa Godinaalee, Aanaalee fi Gandootaatti hundeessuu ni danda'a.

**7. Kaayyoo Waajjirichaa**

Waajjirichi kaayyoowwan armaan gadii ni qabaata:

1) Ummata naannawaa daangaa bulchiinsaa naannolee lamaanii keessa jiraatuuf guddina diinagdee fi hawaasummaa waliiniif haala mijataa uumuu;
2) Walitti dhufeenya obbolummaa ummata naannolee lamaanii kanaan dura ture daran akka cimu taasisuu;
3) Nageenyaa fi misooma waliinii ummata naannolee lamaanii saffisiisuun milkaa'ina guddina naannolee fi waliin jireenya hawaasummaa fi ollummaaf gumaacha taasisuu.

**8. Afaan Hojii**

Afaan hojii waajjirichaa Afaan Oromoo fi Afaan hojii naannoo Beenishangul-Gumuz ta'ee, qunnamtii naannolee waliigaltee kana keessatti hammataman waliin taasifamuuf barbaachisaa ta'ee yoo argame afaan biroo mijataa ta'e fayyadamuu ni danda'a.

9. **Aangoo fi Hojii Waajjirichaa**

Waajirichi aangoo fi hojii armaan gadi ni qabaata:

1) Dhimmoota Waliigaltee Nageenyaa fi Misooma waliinii keessatti hammataman hojiirra akka oolan ni taasisa; ni qindeessa; ni hordofa;
2) Waliigalticha haala qindaa'een hojiirra oolchuuf kan gargaaran hojiilee ijaarsa dandeettii ni gaggeessa;
3) Karoora hojii fi baajata Waajjirichaa qopheessee Mana Mareetiif ni dhiyeessa; yammuu hayyamamus hojiirra ni oolcha;
4) Gabaasa raawwii hojii fi faayinaansii qindeessuun qaama ilaallatuuf ni dabarsa;
5) Qajeelfama Mana Mareetiin bahu bu'uura godhachuun hojjattoota ni qaxara; ni bulcha; ni gaggeessa;
6) Baajatni Mootummaarraa ramadamuuf seeraa fi sirna faayinaansii mootummaa eegee dhimma ramadameetiif qofa ooluu isaa ni mirkaneessa;
7) Qabeenya ni horata; waliigaltee ni raawwata; maqaa isaatiin ni himata; ni himatama;
8) Hojii isaa galmaan gahuuf kan gargaaran hojiilee biroo ni raawwata.

## Kutaa Sadii

## Qaamolee Bulchiinsaa Waajjirichaa

10. **Gurmaa'insa Waajjirichaa**

Waajjirichi gurmaa'insa armaan gadii ni qabaata:

1) Mana Maree;
2) Qindeessaa Waajjirichaa;
3) Itti Aanaa Qindeessaa Waajjirichaa; fi
4) Hojjatoota barbaachisoo ta'an biroo.

11. **Hundeeffama Mana Maree**

1) Manni Maree Waajjirichaa Qindeessaa Sagantaa Nageenyaa fi Misooma waliinii kanaan booda **"Mana Maree"** jedhamee kan waamamu Dambii kanaan hundeeffamee jira;
2) Itti waamamni Manni Marichaa walitti qabaa Mana Marichaatiif ta'a.

12. **Miseensota Mana Maree**

Manni Marichaa Pirezidaantota mootummaa naannolee lamaaniin dabaree waggaa tokkoo tokkoon kan gaggeeffamu ta'ee, miseensota armaan gadii ni qabaata:

1) Pirezidaantii Mootummaa Naannoo Dabareen filatame --------------- Walitti qabaa;
2) Pirezidaantii Mootummaa Naannoo Dabareen hin filatamin -------- I/A Walitti qabaa;
3) Qindeessaa Waajjirichaa --------------------------------------------------- Barreessaa;
4) Ministeeratti Daareektara Jeneraalaa Daarektoreetii Akeekkachisa Duraa fi Furmaata Waaraa Walitti Bu'iinsaa ---------------------------------------- Miseensa;

5) Biiroo Maallaqaa fi Walta’iinsa Diinagdee Naannolee lamaanii ~~~~~~~~~~~ Miseensa;
6) Biiroo Bulchiinsaa fi Nageenyaa Naannolee lamaanii ~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~ Miseensa;
7) Biiroo Bishaan, Albuuda fi Inarjii Naannolee lamaanii ~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~ Miseensa;
8) Biiroo Eegumsa Fayyaa Naannolee lamaanii ~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~ Miseensa;
9) Biiroo Qonnaa fi Qabeenya Uumamaa Naannolee lamaanii ~~~~~~~~~~~~~~~ Miseensa;
10) Biiroo Barnootaa Naannolee lamaanii ~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~ Miseensa;
11) Biiroo Bulchiinsaa fi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa Naannolee lamaanii ~~ Miseensa;
12) Abbaa Taayitaa Daandiiwwanii Naannolee lamaanii ~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~ Miseensa;
13) Abbaa Taayitaa Misooma Jallisii Naannolee lamaanii ~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~ Miseensa;
14) Bulchaa Godina Qeellam Wallaggaa ~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~ Miseensa;
15) Bulchaa Godina Wallagga Bahaa ~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~ Miseensa;
16) Bulchaa Godina Wallagga Lixaa ~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~ Miseensa;
17) Bulchaa Godina Kamaashii ~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~ Miseensa;
18) Bulchaa Godina Asoosaa ~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~ Miseensa;
19) Bulchaa Aanaa Addaa Maa’oo Koomoo ~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~ Miseensa.

**13. Sirna Walgahii Mana Marichaa**

Manni Maree ji’a jaha jahaan kan walgahu ta’ee barbaachisaa ta’ee yoo argame walgahii ariifachiisaa waamuu ni danda’a.

**14. Aangoo fi Hojii Mana Marichaa**

1) Dhimmoota Waliigaltee Nageenyaa fi Misooma waliinii keessatti tumamaan hojiirra akka oolan ni taasisa; ni hordofa;
2) Waliigalticha haala qindaa’een hojiirra oolchuuf kan gargaaran kallattii hojii gurguddoo ni kaa’a;
3) Karoora hojii fi baajata waajjirichaa ilaalee ni raggaasisa; raawwii isaa ni hordofa;
4) Raawwii hojii waajjirichaa irratti hordoffii fi gamaggama ni taasisa;
5) Haala qaxarrii fi bulchiinsa hojjettoota Waajjirichaa ilaalchisee Qajeelfama qophaa’ee dhiyaatuuf ilaalee ni mirkaneessa;
6) Hojii isaa galmaan gahuuf kan gargaaraan hojiiwwan biroo ni raawwata;
7) Qajeelfama sirna hojimaata mataa isaa ni baasa.

**15. Muudama fi Itti Waamama Qindeessaa fi Itti Aanaa Qindeessaa Waajjirichaa**

1) Qindeessaa Waajjirichaa karaa Hoogganaa Biiroo Bulchiinsaa fi Nageenyaa Oromiyaatiin dhiyaatee Pirezidaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaatiin kan muudamu ta’a;
2) Itti Aanaa Qindeessaan Waajjirichaa karaa mootummaa Naannoo Beenishaangul Gumuzitiin kan muudamu ta’a;

3) Itti waamamni qindeessaa Waajjirichaa Mana Marichaatiif ta'a;
4) Itti waamamni Itti Aanaa qindeessaa Waajjirichaa Qindeessaa Waajjirichaatiif ta'a.

**16. Aangoo fi Hojii Qindeessaa Waajjirichaa**

Qindeessaan waajjirichaa aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Waajjiricha ni qajeelcha; ni bulcha; ni hooggana;
2) Qajeelfama Mana Marichaa irraa darbu hojiirra ni oolcha; ni too'ata; raawwii isaatiif haala ni mijeessa;
3) Aangoo fi hojii waajjirichaaf kenname hojiirra ni oolcha;
4) Qajeelfama Mana Mareetiin bahu bu'uureffachuun hojjettoonni waajjirichaa akka ramadaman ni taasisa; qaxarrii isaanii ni raawwachiisa; ni bulcha; ni gaggeessa;
5) Karoora hojii fi baajata waggaa akkasumas sagantaa raawwii karoora waajjirichaa qopheessee Mana Marichaaf ni dhiyeessa; yammuu hayyamamu hojiirra ni oolcha;
6) Waliigalteewwan adda addaa waajjiricha bakka bu'ee ni mallatteessa;
7) Akkaataa seera faayinaansiitiin herreega baankii waajjirichaa ni bana; ni sochoosa; ni bulcha;
8) Qaama sadaffaa waliin walitti dhufeenya raawwatuuf waajjiricha bakka ni bu'a;
9) Adeemsi hojii waajjirichaa haala iftoominaa fi hirmaachisaa ta'een akka gaggeeffamu ni taasisa;
10) Gabaasa raawwii hojii manajimantii waliin ilaalee Mana Marichaatiif ni dhiyeessa;
11) Hojiiwwan biroo Mana Mareetiin kennamuuf ni raawwata.

**17. Aangoo fi Hojii Itti Aanaa Qindeessaa Waajjirichaa**

Itti aanaan Qindeessaa waajjirichaa aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Hojiiwwan waajjirichaa karoorsuu, qindeessuu, gaggeessuu fi bulchuun qindeessaa waajjirichaa ni gargaara;
2) Hojiiwwan Qindeessaa waajjiraatiin adda bahanii kennamaniif ni raawwata;
3) Qindeessaan bakka hin jirretti bakka bu'ee ni hojjeta.

## Kutaa Afur
## Tumaalee Adda Addaa

**18. Madda Galii**

Maddi galii waajjirichaa kanneen armaan gadii irraa ta'a:

1) Baajata Mootummaa Naannoolee lamaaniin ramadamuu; fi
2) Kennaa fi deeggarsa qaamolee adda addaa irraa argamu.

**19. Galmee Herregaa**

1) Waajjirrichi harshammee fi galmee herreegaa guutuu fi sirrii ta'e ni qabaata;
2) Galmeen herreegaa waajjirichaa qaama mootummaa naannolee lamaanii aangoo qabuun yeroo yeroon ni qoratama;

20. **Dirqama Deeggarsa Kennuu**

Namni kamiyyuu dhimmoota dambii kana keessatti ibsaman hojiirra oolchuuf deeggarsa keennuf dirqama qaba.

21. **Seerota Raawwatiinsa Hin Qabaanne**

Dambiin, qajeelfamni yookiin barmaatileen hojii Dambii kanaan walfaallessan kamiyyuu dhimmoota Dambii kana keessatti hammataman irratti raawwatiinsa hin qabaatan.

22. **Aangoo Qajeelfama Baasuu**

Dambii kana raawwachiisuuf Manni Maree Qajeelfama baasuu ni danda'a.

23. **Guyyaa Dambichi Hojiirra Itti Oolu**

Dambiin kun Bitootessa 21, Bara 2010 irraa eegalee hojiirra kan oolu ta'a.

**Lammaa Magarsaa**

**Pirezidaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaa**

**Bitootessa 21, Bara 2010**

**Finfinnee**